Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti

Inistiitiyuutii Pilaanii Magaalotaa Oromiyaa

Barreefama Hubannoo Seera Pilaanii

Kutaa lama



Eliyaas Abbittiitin

Garee Tajaajila Seeraa Inistitiyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaa.

Labsii Pilaanii Lakk.574/2000

Sadarkaa fi gosoota Pilaani

Caamsa, bara 2015

Finfinne

Seensa

Barreefama hubannoo seera pilaani kanaaf ka'umsa kan ta'e, akka Biyyaattis ta'ee akka Naannoo Oromiyaatti hojii pilaanii qulqulina qabu magaalotaaf, pilaanii qindaa'aa magaalota Naannoo keenyaati fi giddugala Gandoota baadiyyaatiif qopheessuuf, pilaanii bulchuu fi pilaanii hojii irra oolchuuf Polisiin,tarsimoon(strategy), seeronnii , qajeelfamoonni akkasumas hoj-maanni diriire akkaata kaayyoo qophii pilaanitin akka lafa irra bu'an gochuu fi ummanni sadarkaan jiru akka irraa fayyadamu gochuun hojii ijoo mana hojii kana waan ta'eef barreefamni kun barbaachisadha.

Gama biraatin, seera itti fayyadama lafaa pilaanidhaan taa'e kana kabachiisudhaaf hojii deeggarsa seeraa yookiin hubannoo seeraa qaama dhimmi ilaaluuf kennuun barbaachisaa waan ta'eef, barreefamni hubannoo kun barbaachisaa ta'eera.

Walumaagalatti akkaata aangoo fi gahee hojii Mana hojii keenyaa labsii lakk.242/2014 keewwata 51 tin kennameen raawwaachuuf hubannoon seera pilaanii barbaachisaa waan ta'eef akkaata armaan gadiitin hojjatameera.

kaayyoo

Barreefmni hubannoo seera pilaanii kun kaayyolee armaan gadii kan qabuudha;

- Qaama kamuu pilaanii hojii irra oolchu hubannoo gahaa akka qabaatan taasisuu
- Hoggantoonni fi ogeessonni hubannoo seera pilaanii gahaa akka qabaatan taasiuu
- Pilaaniin Magaalotaaf Qophaa'u akka kabajamuu gochuu,
- Hawwasni waa'ee pilaanii irratti hubannoo seeraa akka argatu gochuun pilaani akka kabachiisu gochuu

Mata Duree

Labsii Pilaanii Magaalaaf Bahe Lakk.574/2000

<u>Tumaalee Sadarkaa fi Gosoota Pilaanii Ilaallatan</u>

1, Sadarkaa Pilaanii

Bu'ura Labsii lakkoofsa 574/2000 kew.7 tiin Pilaaniin akka waliigalaatti akkaata qabatama bulchiinsa Mootumma biyya keenyaatti fi tarsimoo Misooma Magaalota biyyoolessaa fi tarsimoo Misooma Magaalota Naannolee bu'ura godhachuun sadarkaalee armaan gadii kan qaban ta'a;

a. Karoora misooma Magaalota biyyoolessaa (National urban development scheme);
b. Pilaanii Misooma Magaalotaa Naannoo (Regional urban development plan)fi
c. Pilaanii Magaalaa (Urban plans). jedhamuun sadarkaale saditti kan qoodaman ta'a.kunis akkaata kanaan taa'eera.

7.የፕሞ፡ ደነጃ

አገዮ አሠፍና ክ ኣሠፍ በኑ የኀ

ስ-ጎጂና እቅዶ፡ ይ -ኣስዮ የኣከ-ጡ

የፕን ደነጃ ይኖ፤

1/ ብሔግዊ የከ-ፕ ኀ ኣቅድ፤

2/ ክዊ የከ-ፕ ኀ ፕን፤

3/ የከ-ፕ ፕን፡

Akkaataa kanaan sadarkaale pilaanii tokko tokkoon ilaaluuf haa yaallu;

A. **Karoora misooma Magaalota biyyoolessaa (National urban development scheme);**
Karoorrii Misooma Magaalotaa biyyaalessa kan bahuu fi kan raawwatamu Sadarkaa Mootummaa Federaalatti ta'ee, karoora misooma Magaalotaa gurguddoo fi walitti hidhamiisa isaani, kallaatti guddina Magaalota gurguddoo fi haala waliigalaa irratti karoora bahuudha.

B. Pilaanii Misooma Magaalotaa Naannoo (Regional urban development plan)

Sadarkaan Pilaanii kun gosoota Pilaanii Armaan gaditti tarreefaman kan hammatuudha;

Pilaaniin Ispaashaala Misooma Naannoo, sadarkaa Naannichaatti kan qophaa'u ta'ee qabiyyeewwan armaan gadii kan qabaatu ta'a:

1) Imaammata, tarsimoowwaniifi karoorawwan misoomaa biyyoolessaafi naannoo bu'uura godhachuudhaan iddoowwan misoomaa ijoo ta'an, sirna qubsuma magaalaafi itti fayyadama lafaa Naannichaa ni qabaata;
2) Walitti hidhamiinsa Magaalaan Magaalaa waliin yookiin Magaalaan Baadiyyaa waliin qabu qabaachuu qaba;
3) Sadarkaa Naannootti kuufama qabeenya misoomaa, iddoowwan idustirii, waliitti hidhamiinsa bu'uraalee misoomaa, giddugala misoomaa, qaama bishaanii, iddoowwan bosonaa, iddoowwan albuudaa, iddoowwan hambaa seenaa, hawwata turiizimiifi kanneen biroo ni qabaata;
4) Ibsa walitti hidhamiinsa naannoo biroo waliin qabu kan agarsiisu ni qabaata;
5) Sanadoota kaartaadhaan deeggaramaniifi miiltoo barreefamaa ibsa qabu ni qabaata;

Gosoota Pilaanii Ispashaalaa Misoomaa Naannoo

Pilaaniin Ispaashaalaa Misooma Naannoo akkaataa barbaachisummaa isaatiin gosoota pilaanii armaan gadii ni qabaata:

1) Pilaanii Hulaa Misoomaa;
2) Pilaanii Misoomaa Qindaa'aa Magaalota Naannoo;
3) Pilaanii Zoonii Misooma Diinagdee Addaa;
4) Pilaanii walitti hidhamiinsa qarqara Lageeniifi Haroowwanii dangaa Magaalaa yookiin Aanaa yookiin Godinaa yookiin Naannichaa ol ta'e;
5) Pilaanii magaalaa haaraa hundeessuu;
6) Pilaanii Misooma Kilaasteraa, Leecalloo Naannichi qabu irratti hunda'ee qophaa'u;
7) Pilaanii biroo amala Misooma Naannoo qabu dabalachuu ni danda'a.

C. Pilaanii Magaalaa (Urban plans)

Pilaaniin Magaala Gosoota Pilaanii Armaan gadii akkata seerotaa fi hoj-maata yeroo ammaa hojii irra jiraniitin kanneen armaan gadii ni hammata

Gosoota Pilaanii Magaalaa

1) Pilaaniin magaalaa gosoota armaan gadii ni qabaata:
   (a) Pilaanii Caasaa;
   (b) Pilaanii Tarsiima'aa;
   (c) Pilaanii Bu'uuraa;
   (d) Pilaanii Misooma Qe'ee;
   (e) Saxaxa Magaalaafi Teessuma Lafaati.

2) Pilaaniiwwan lakkofsa 1 (d) fi (e) jalatti ibsaman Pilaanii Caasaa hojii irra olchuuf kan qophaa'an ta'a.
3) Pilaaniin lakkofsa xiqqaa 1 (b) fi (c) jalatti ibsaman pilaanii gadi fageenyaan qophaa'u ta'ee of danda'ee hojii irra kan oolu ta'a.

<u>Pilaanii Caasaa</u>

1) Pilaaniin Caasaa gama hawaasummaa, diinagdeefi naannootiin guddina madaalawaa argamsiisuu kan dandeessisu guddina fiizikaalaa fiduuf dhimmoota bu'uuraa guutamuu qaban kan tarreessuufi pilaanii raawwatiinsa seeraa qabu dha.
2) Pilaaniin Caasaa Magaalaa Metroopolis, Rijiyoopolis, Muummee, Ol'aanaafi Magaalaa Giddu Galeessaaf kan qophaa'u ta'a.
3) Pilaanii Caasaa hojii irra ooluudhaaf Pilaaniin Misooma Qe'ee qophaa'uu qaba.
4) Pilaaniin Caasaa tajaajila itti fayyadama lafaa gurguddoo sadarkaa isaatti lafa irra bu'uu danda'an, Pilaanii Misooma Qe'ee malee hojii irra oolchuun ni danda'ama.
5) Pilaaniin Caasaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin qophaa'u kanneen armaan gadii of keessatti hammachuu qaba:
   (a) Guddina hawaas-diinagdee, fiizikaalaafi naannawaa akkasumas guddina magaalichaa kan fuula duraa agarsiisuu;
   (b) Walitti hidhamiinsa magaalli tokko magaalota biroofi baadiyyaa waliin qabu;
   (c) Bal'inaafi kallattii babal'ina magaalichaa kan gara fuul-duraa hammachuu qaba.
   (d) Gosa ramaddii itti fayyadama lafa bu'uuraa, saaphana daandiifi bu'uuraalee misoomaa;
   (e) Daandiiwwan yeroo pilaaniin caasaa hojjatamu tajaajila kennaa jiraniifi fuula duratti pilaanii magaalaa haaraan akka itti fufan murtaa'an;
   (f) Sanadoota kaartaadhaan deeggaramaniifi barreeffama miltoolee adda addaa;
6) Gosni ramaddii itti fayyadama lafaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 4(d) jalatti tumame iddoowwaan armaan gadii of keessatti hammachuu qaba:
   (a) Itti fayyadama misooma manneenii;
   (b) Daldalaa;
   (c) Tajajila Hawaasummaa;
   (d) Magariisummaa, hambawwaan seenaafi bashannanaa;
   (e) Oomishaa industiriifi mana kuusaa
   (f) Waajjiraalee Bulchiinsaa adda addaa; fi
   (g) Bu'uuraalee misoomaafi geejjibaati.

7) Yeroo Pilaaniin Caasaa qophaa'utti hojii irra oolmaa isaa agarsiisuuf akka tolutti yoo xiqqaate Pilaaniin Misooma Qe'ee tokko hojjatamuu qaba.
8) Pilaaniin Caasaa karoora raawwii, gurmaa'insa dhaabbilee, qabeenyaafi hammattoo seeraa kan of-keessaa qabu ni qabaata.

Pilaanii Tarsiima'aa

1) Pilaaniin Tarsiima'aa Magaalaa Guddattuufi Magaalaa Mana Qopheessaatiif kan qophaa'u ta'a.
2) Pilaaniin Tarsiima'aa akkaataa hojii irra ooluu danda'uun gadi fageenyaan qophaa'uu qaba.
3) Pilaanii Tarsiima'aa qopheessuun dura qorannoon hawaas-diinagdee gadi fageenyaan gaggeeffamuu qaba.
4) Pilaaniin Tarsiima'aa tarreefama gosa itti fayyadama lafaa bu'uuraa armaan gadii of keessatti qabaachuu qaba:
   (a) Itti fayyadama misooma manneenii;
   (b) Daldalaa;
   (c) Tajajila Hawaasummaa;
   (d) Magariisummaa, hambawwaan seenaafi bashannanaa;
   (e) Oomishaa industiriifi kuusaa
   (f) Waajjiraalee Bulchiinsaa adda addaa; fi
   (g) Bu'uuraalee misoomaafi geejjibaati.
5) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Pilaaniin Tarsima'aa gosoota itti fayyadama lafaa xixiqqaa gadi fageenyaan hammachuu qaba. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
6) Walitti hidhamiinsa magaalli tokko magaalota biroofi gandoota baadiyyaa waliin qabu haammachuu qaba.
7) Bal'inaafi kallattii babal'ina magaalichaa kan gara fuul-duraa haammachuu qaba.
8) Sanadoota kaartaadhaan deeggaramaniifi ibsa barreeffamaa miiltooleen deeggaraman hammachuu qaba.
9) Pilaaniin Tarsima'aa karoora raawwii, gurmaa'insa dhaabbilee, qabeenyaafi hammattoo seeraa kan of-keessaa qabu ni qabaata.

Pilaanii Bu'uuraa

Pilaaniin Bu'uuraa osoo Pilaaniin Misooma Qe'ee hin barbaachisin hojii irra kan oolu ta'ee, kanneen armaan gadii of keessatti hammachuu qaba:

1) Pilaaniin Bu'uuraa Mana Qopheessaa Guddattuuf kan qophaa'u ta'a.
2) Pilaaniin Bu'uuraa akkaataa lafa irra bu'uu danda'uun gadi fageenyaan kan qophaa'u ta'a.
3) Pilaanii Bu'uuraa qopheessuun dura qorannoon hawaas-diinagdee gadi fageenyaan gaggeeffamuu qaba.
4) Pilaaniin Bu'uuraa tarreefama gosa itti fayyadama lafaa bu'uuraa armaan gadii of keessatti qabaachuu qaba:
   (a) Itti fayyadama misooma manneenii;
   (b) Daldalaa;
   (c) Tajajila Hawaasummaa;
   (d) Magariisummaa, hambawwaan seenaafi bashannanaa;
   (e) Oomisha industiriifi kuusaa
   (f) Waajjiraalee Bulchiinsaa adda addaa; fi
   (g) Bu'uuraalee misoomaafi geejjibaati.
5) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Pilaaniin Bu'uuraa gosoota itti fayyadama lafaa xixiqqaa gadi fageenyaan hammachuu qaba. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
6) Walitti hidhamiinsa Magaalli tokko magaalota biroofi gandoota baadiyyaa waliin qabu qabaachuu qaba.
7) Bal'inaafi kallattii babal'ina magaalichaa kan gara fuul-duraa haammachuu qaba.
8) Sanadoota kaartaadhaan deeggaramaniifi ibsa barreefamaa miltooleen deeggaraman haammachuu qaba.
9) Pilaaniin Bu'uuraa karoora raawwii, gurmaa'insa dhaabbilee, qabeenyaafi hammattoo seeraa kan of-keessaa qabu ni qabaata.

Pilaanii Misooma Qe'ee

Pilaaniin Misooma Qe'ee Pilaanii Caasaa hojii irra oolchuuf kan qophaa'u ta'ee, dhimmoota armaan gadii of keessatti hammachuu qaba:

1) Qorannoo hawaas-diinagdee, fiizikaalaafi itti fayyadama lafaa gadi fageenyaan geggeeffame;
2) Tarreefama gosa itti fayyadama lafaa bu'uuraa Pilaanii Caasaa keessatti hammataman irraatti hundaa'uudhaan itti fayyadama lafaa xixiqqaa gadi fageenyaan hammatee qophaa'uu qaba. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

3) Sanadoota kaartaadhaan deeggaramaniifi ibsa barreefamaa miiltooleen deeggaraman;
4) Sanada guutuu saxaxa magaalaa qophaa'ee;
5) Bal'inni lafaa Pilaanii Misooma Qe'ee qopheessuuf barbaachisu Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
6) Pilaaniin Misooma Qe'ee yommuu qophaa'u qoodinsa lafaa yookiin parsileshinii gadi fageenyaan qopheessuu;
7) Pilaaniin Misoomaa Qe'ee karoora raawwii, gurmaa'insa dhaabbilee, qabeenyaafi haammattoo seeraa of-keessaa qabaachuu qaba.

Saxaxa Magaalaa

Saxaxi magaalaa kan qophaa'u Pilanii Misooma Qe'ee bu'uureeffachuun ta'ee kanneen armaan gadii of keessatti qabaachuu qaba:

1) Pilaaniin teessuma lafaa qophaa'e;
2) Haala teessuma gamoowwanii fi ol ka'iinsa isaa;
3) Galtee gamoowwan ittiin hojjatamaniifi halluuwwaan isaa;
4) Iddoowwan tajaajila uummataa, dirreewwaniifi siidaawwan adda addaa gadi fageenyaa karaa qabuun;
5) Iddoowwan tajaajilli geejjibaa itti kennamu gadi fageenya karaa qabuun;

Pilaanii Iskeechii

1) Pilaaniin Iskeechii Giddugala Guddina Baadiyyaatiif kan qophaa'u ta'a.
2) Pilaaniin Iskeechii qabiyyeewwan armana gadii of keessatti qabaachuun qophaa'uu qaba:
   (a) Kallattii misooma waliigalaa Giddugala Guddina Baadiyyaa sanaa;
   (b) Rammaddii itti fayyadama lafaa ijoo;
   (c) Daandiifi sarara bu'uuraalee miisoomaa biroo;
3) Ogeessi Pilaanii Iskeechii qopheessuun dura iddoon Giddugala Misooma Baadiyyatiif filatame akkaataa itti fayyadama karoora lafaatiin amalli biyyee isaa ijaarsaaf kan ooluufi dhiheessa bu'uuraalee misoomaaf kan mijaa'u ta'uufi biyyee gabbataa misooma qonnaatiif oolu kan hin fudhanne akkasumas gandoota baadiyyaa naannoo jiraaniitiif giddugaleessummaa kan qabu ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba.
4) Pilaaniin Iskeechii qophaa'e beekkamtii Bulchiinsa Aanaatiin ta'ee, itti gaafatamummaa Waajjira Lafaa Aanaatiin kan raawwatamu ta'a.

Kanaaf Pilaaniwwaan Qophaa'an akkaata armaan olitti tarreefamaniin kan raawwatamaniidha.